# Torban Kadhata Ijoollee Addunyaalessaa 2016/2024

## Ifa biyya lafaa

**Torban Kadhata Ijoollee Addunyaalessaa 2016/2024 Caamsaa 24-25**

## Batoo Kitaaba Qulqulluu

Viivaa kadhannaan addunyaalessaa daa'immanii waa'ee ijoollee ti; keessattuu ijoolleen ijoolleef akka kadhatan gochuu.Luqqisii ijoon kan fudhatame Yesuus "Biyya lafaa irra hamman jirutti ani ifa biyya lafaa ti." akka jedhe Ifa Biyya Lafaa ti.Batoon kitaaba qulqulluu fayyinni warra ija jaamaa kan itti galmaa'e guutummaa Wangeela Yohaannis boqonnaa 9 dha.

## Jalqabbii VIIVAA



HundeessaaViivaa kan ta'e Paatiriik Maakdonaaldi Ameerikaa Kibbaatti ijoollee daandii irra jiraataniif ergama naannoo wajjin yommuu hojjetu mul'ata arge dubbata. Paatriik halkaniin fakkii giloobii arge.Osoo dinqifachaa jiruu giloobiin kun yommuu naanna'u gar tokkoon dukkana qaba.Achiis fiixeen ifaa dadhabduu fi hiika hin qabneen bahan.Sana booda ifti kun haala naannoo uffisuun walitti dhufuu jalqaban. Surraan isaa tarkaanfii tokko tokkoon karuma ta'een jijjiiramee dabalaa cimaa akka gaariitti kan ifu ta'e.Paatiriik mul'atichi deebii Waaqayyoo gaaffii isaatiif kenne akka ta'e beeka ture."Karoorri isaa maali?Yaa gooftaa fedhii ijoollee kana hundumaa guutuun ni danda'amaa?" Mul'atichi sochii qulqulloota istaandardii waliiniitiif marsariitiidhaan walitti hidhamanii agarsiisa.



# Torban Kadhata Ijoollee Addunyaalessaa 2016/2024

## IFA!

## Ragaalee

Sanadi ragaa kun seenaa Wangeela Yohaannis boqonnaa 9 irraa ijoolleen ijoollee biroo gara kadhataatti akka geggeessaniif qabxiilee afur sochiidhaan, luqqisii yaadannoo fi gaaffilee gochaa dhiyeessa. Dhuga-baatiiwwan 2015 Sanbataa fi Dilbata kennaman hammatamaniiru.Sochiin fakkii (animeeshinii),faarsaa,paawor pooyintii fi qophii guyyoota 28 marsariitii isaa www.worldweekendofprayer.com irratti argamu.

## Qabxiilee afran

**i)** Hojiiwwan Waaqayyoo — Ijoollee sadarkaa jalqabaa ta'aniif(waggaa 4-6)
**ii)** Dinqiilee Waaqayyoo — Ijoollee gurguddoo fi kudhanootaa gadii(waggaa 8-12)fi (waggaa 13-16)
**iii)** Ilma Waaqayyoo Yesuu — Ol adeemtotaaf (waggaa 16-19)
iv) **Waaqayyotti amanuu — Dargaggootaa fi** ga'eessotaaf



Ijoolleen karaalee adda addaa kadhachuu danda'u.Kadhata rog sadee uumuun,muka kadhataa hojjechuun,afuuffee irratti kadhata barreessuun,yaadannoo kadhataa kaartaawwan irra kaa'uun yookiin viidiyoowwan fayyadamuun qunnamtii addunyaalessaa gochuun.

### Qabxiileen kadhata ijoolleef ta'uu danda'am

i) Nagaan mana koo fi maatii koo keessatti
ii) Yommuu dhukkubsannu yookiin miidhamnu nyaata gahaa,bishaan dhugaatii qulqulluu, uffannaa uffannuu fi eegumsa fayyaa.
iii) Nagaa fi okkarri daandii irraa akka dhaabatu.
iv) Barumsaaf,mana barumsaa galee barsiisota garraamii fi nama jaallataniin akkan baradhu.
v) Warra abbaa humnaa fi dogoggorsitoota irraa akkan eegamu.
vi) Namoonni gurguddoon kana booda daa'imman xiqqeessanii akka hin ilaalle,akka laayyootti akka hin ilaalle yookiin daa'imman akka hin tuffanne,daa'imman irratti jijjiirama ilaalchaa akka fidan.
vii) Waldaalee kiristaanaa baay'een magaalaa keenya keessatti jireenya daa'immanii fooyyessuuf jaalalaa fi tokkummaan akka hojjetan.

# Torban Kadhata Ijoollee Addunyaalessaa 2016/2024

## 1. Hojii Waaqayyoo

### Batoo Seenaa —Yoh.9:1-12

Guyyaa tokko Yesuus osoo bartoota isaa wajjin deemaa jiru namicha kadhataa tokko argan.Dhaloota isaatii jalqabee jaamaa ture.Bartoonni isaas barsiisaa namni kun jaamaa ta'ee akka dhalatuuf eenyutu cubbuu hojjete;isa moo maatii isaati? Yesuussis gaaffii dogoggoraa akka gaafatan itti himee kun kan ta'eef humni Waaqayyoo kanaan akka mul'atuufi jedheen. "Ani hamman biyya lafaa irra jirutti ifa biyya lafaa ti." Yesuus lafa irratti tufee biyyoo bukeessee ija namicha jaamaatti dibee dhaqiitii bishaan Salihoomitti dhiqadhu jedheen.Namichis deemee dhiqate. Dinqiidha amma arguu danda'eera. Ollaan isaa yommuu argan dinqiin kun ta'uu ni shakkanii nama kadhaticha ija jaamaa fakkaatu dha jedhan.

## Gochaalee

i) Siidaa suphee: Fakkii namaa suphee irraa hojjedhu.Inni kun Yesuus isa namicha jaamaa kana arge bakka bu'a.Yesuus ifa biyya lafaa ta'uu isaa agarsiisuuf mataa fakkichaa irra ibsaa yookiin daawwitii kaa'i. Namicha arguu hin dandeenye sana kan bakka bu'u immoo fakkii siidaa suphee hojjedhu

ii) Ogummaa jaamaa:Ijji osoo haguugamee jiruu fakkii nama tokkoo mana biratti kaasi.Hammam ulfaataa akka ta'e hubadhu!

## Luqqisii Yaadannoo

Yoh. 9:5: "Ani hamman biyya lafaa irra jirutti ifa biyya lafaa ti."

## Gochaalee

Waa'ee hojii Waaqayyoo arguu gara kadhataatti geessuuf gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.
i)Yommu wanti gadheen tokko uumamu Waaqayyo attamitti keessa seenee sirreessuu danda'a?Gaheen keenyawoo maali?
ii) Maatii kee,maatii hiriyaa kee,mana barumsaa yookiin naannoo keetti jijjiirama argiteettaa?Jijjiirama dabalataatiif kadhachuu ni dandeenyaa?
iii) Namtichi Yesuusiin amanee bishaan sanatti dhiqachuun ulfaataa ture(bishaan naannoo isaa jiru fayyadamuu ni danda'a ture).Waa'ee Waaqayyotti amanuu maal jechuutu danda'ama?Tarii jijjiiramni gaafannu yeroo dheeraa fudhachuu danda'aa?Nutis tarii gahee keenya hojjechuu qabnaa laata?

Paatinaa biyya Hindii irraa dhuga baatii kenname:Kadhannaa torban kadhannaa ijoollee bara 2015 irraa uumama bareedaa Waaqayyoo nuuf kenne eeguuf itti gaafatamummaa qabnuun ijoolleef hubannaa cimaa fideera.Anjaaliin giddu gala barnootaa irraa kan taate ibsaa fi qabbaneessaa qilleensaa barbaachisoo hin taane ni dhaamsiti,ujummoowwan cufuudhaan bishaan ni qusatti,biqilaa ni dhaabdi naannoo ishee qulqullinaan eegdi.Amma isheen loltuu fi kunuunsituu uumamaa ti.Obboloonnii fi hiriyoonni ishee ishee faana akka hiriiran yeroo hundaa jajjabeessiti.

# Torban Kadhata Ijoollee Addunyaalessaa 2016/2024

## 2. Dinqii Waaqayyoo

### Batoo Seenaa- Yoh.9:13-23

Kan isa fayyise Yesuus ta'uu ollaa isaatti yommuu himan namticha jaamaa sana gara Fariisotaatti geessan.Inni jaamaanis waan ta'e ibse.Geggeessitoota kanneen keessaa tokko tokko dhoqqe fayyinaaf ta'u kan bukeesse guyyaa Sanbataa ture jedhan,guyyaa kanatti immoo hojii tokko iyyuu hojjechuun hin eeyyamamu.Kanaaf nama kan ta'e Yesuus kun cubbamaa waan ta'eef ilma Waaqayyoo ta'uu hin danda'u.Fariisonnis namtichi jaamaan kun mucaa isaanii ta'uu akka mirkaneessaniif gara maatii isaatti isa ergan.Isaanis sodaatanii mucaan isaanii attamitti akka fayye arguu danda'e yommuu gaafataman mucaan keenya of ibsuuf umriin isaa gahaa dha isuma gaafadhaa jedhan

## Gochaalee

i) Gahee taphachuu: Ijoolleen seenicha ofii isaanii akka hojjetan taasisi.Kutaalee adda addaa fudhatanii ijoolleen yeroo hundumaa akka hojjetan taasisuu

ii) Giddu gala ifaa: Gareen ijoollee kaartaa magaalaa isaanii kaartoonii guddaa irratti haa kaasan.Bakka waldaan kiristiyaanaa fi manneen barnootaa jiran mallattoo haa taasisan.Tokkoon tokkoon waldaa fi mana barumsaa irratti funyoo ibsaa LED wal haa qabsiisan.Ifa sana gara qaanqeetti haa jijjiiran. Giddu gala ifaa daa'imman walitti hidhanii fi isaan kabajan akka bakka bu'u agarsiisi.
agarsiisi.

## Luqqisii Yaadannoo

Yoh. 9:15b:- "Dhoqqee ija kootti dibe" jedhee namtichi deebise.Ammas ijakoo irra kaa'e nan dhiqadhe amma nan arga jedhee deebise.

## Gocha

Waa'ee dinqii Waaqayyo hojjetuu gara kadhannaatti geessuuf gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.

i) Namni waa akka nuuf godhu yeroo gaafannu duubatti deebi'uun (shakkuun) maal jechuudha?

ii) Dinqiin maali?

iii) Amma eessatti dinqiin nu barbaachisa?(maatii keessatti, mana barumsaa keessatti, hawaasa keessatti)

**Dhuga baatii ijoollee Zaambiyaa:**
"Waaqayyo addunyaa fi waan ishee keessa jiru hunda akka uume baradheera, ilmaan namootaa bineensota jaallachuu fi kunuunsuuf itti gaafatamummaa akka qaban baradheera."
"Waliif kadhadhaa,Waaqayyootti amanaa. Waan hundumaa harka Waaqayyoo keessa galchuu dandeessu. Rakkoon yoo isin mudate illee Waaqayyo isin gargaaruu fi isin qajeelchuu danda'a."

"Uumama Waaqayyoo kunuunsuu qabna. Ijoolleen hundi mana barumsaa dhaqanii barachuu qabu."
qabna. Ijoolleen hundi mana barumsaa dhaqanii barachuu qabu."

# 3፡ Yesuus Ilma Waaqayyoo

## Batoo Seenaa - Yoh 9:24-34

Fariisonni warra namichaa erga gaafatanii booda, ammas namicha jaamaa sana waamuun, “Dhugaa dubbachuudhaan Waaqayyoof ulfina kenni; Namni kun (Yesuus) cubbamaa ta’uu isaa ni beekna; Innis "cubbamaa ta’uu fi dhiisuu isaa hin beeku" jedheen.Ani jaamaa akkan ture beeka amma nan arga. Fariisonni ammas akkamitti akka fayye yommuu isa gaafatan, namichi maaliif deebi’anii dhaga’uu akka barbaadan of gaafatee, "Isinis duuka buutota isaa ta’uu ni barbaadduu?"jedhe. Yeroo kanatti Fariisonni isa arrabsan. Fariisonni namicha irraa waa’ee Yesuus dhugaa ba’umsa hedduu erga dhaga’anii booda, "Erga dhalattee kaasee cubbuu cubbuu keessa turte akkamitti nutti himuuf ija jabaatte" jedhanii mana sagadaa keessaa isa ari’an.

## Gochaalee

i) Eenyutu jira? Ijoollee geengootti walitti qabuun ergasii ija isaanii akka haguugan taasisi. Mucaa tokko filattee "Deemi, bishaan kuufamaa Shiiloo keessatti dhiqadhu" jettee giddu akka seenu taasisi.Mucaan kun deebi’ee geengootti haa makamu. Ijoolleen ija isaanii banatanii gahee Yesuus eenyu akka taphate haa tilmaaman.

## Luqqisii Yaadannoo

Yoh. 9፡32-33፡ "Nama jaamaa ta’ee dhalate ija kan bane tokkollee dhaga’ee hin beeku. Namichi kun osoo Waaqayyo biraa hin taane ta’ee homaa gochuu hin danda’u ture."

Gochaalee

Waa’ee Yesuus Ilma Waaqayyoo dhaggeeffachuu gara kadhannaatti geessuuf gaaffilee kana irratti mari’adhaa.

i) Ijoolleen tokko tokko Yesus ilma Waaqayyoo ta’uu isaa maaliif beeku kaan immoomaaliif hin beekan?

ii) Waa’ee Yesuus wantootni biroo beekuun barbaachisaa ta’an maal fa’i?

iii) Kadhannaan gara Yesusitti kan nama geessu yoo ta’e akkamitti dhaggeeffachuu dandeenya? yeroo ammaatti Yesusiin dhaggeeffachuu dandeessaa?

Dhuga baatii Asnaat Taanzaaniyaa:
Asnaat umriin ishee waggaa 15 yoo ta’u, gaa’elli warra ishee erga addaan bahee booda haadha ishee waliin jiraatti. Bara 2014 kadhannaa dhuma torbee irratti maatiin ishee akka walitti makaman kadhatteetti. Bara kanas, "Waaqayyoon yeroo hunda saba isaaf dhimmamuu isaatiif baay’een galateeffadha. Abbaa fi haati koo hanga gidduu isaaniitti waliigalteen uumamutti yeroo dheeraaf addaan ba’aniiru" jetteetti. Dhuma bara darbee waliif bilbiluu eegalan, kunis warri koo akka walitti makaman abdii naaf kenne.Ulfinni Waaqayyoo kadhannaa keenya nuuf deebisuuf haa ta’u.

## 4: Waaqayyotti amanuu

### Batoo Seenaa — Yoh. 9:35-41

Yesuus Fariisonni namicha (kan duraan jaamaa ture) mana sagadaa keessaa baasuu isaanii yommuu dhaga'u, "Ilma namaatti ni amantaa?"jedheen. Namichs, Gooftaa eenyu? jedhee gaafate. "Isatti akkan amanu natti himi" jedhe. Yesus, "Amma argita, kan sitti dubbatus isadha" jedheen.Achiis namichi "Gooftaa, ani nan amana" jedhee sagadeef. Namoonni akka Fariisotaa Yesuus ilma Waaqayyoo ta'uu isaa arguu fi fudhachuu hin danda'an jechuudhaan waa'ee jaamummaa hafuuraa dubbate.
Warri hin amanne itti murteeffama, yakkitoota ta'u.

## Gochaalee

i) Faarfannaa - Dargaggoonni ykn ijoolleen faarsaa salphaa akka uuman taasisi.
ii) Koolaajii - Koolaajii guddaa huccuu, waraqaa halluu qabu ykn halluu Yesuus akka Ilma Waaqayyootti agarsiisu hojjedhu. Kana dallaa irratti sirreessaa huccuu gurraachaan haguugi.Ijoolleen bilbila ykn baatirii fayyadamuun ibsanii akkuma Fariisonni dubbatan "Maal? Nutis jaamaadhaa?" Uffata isaa irraa haa baasan, amma immoo,ibsaan waan Yesuus hojjete irratti haa ifu, "Yesuus immoo, ani ifa biyya lafaa ti" jedhe.

## Luqqisii Yaadannoo

Yoh. 9:38 Namtichis Gooftaakoo nan amana jedhee sagadeef Gochaalee
Waa'ee Waaqayyootti amanuu gara kadhannaatti geessuuf gaaffilee kana irratti mari'adhaa.
i) Amantiin maali?
ii) Akka nama jaamaa ta'ee booda arguu danda'e sanaa, Yesuus ilma Waaqayyoo ta'uu isaa namni yeroo jalqabaa yommuu hubatu maal gochuu danda'a?
iii) Yesuus mana keenya, daandii, mana barumsaa fi kolleejjii keenya keessa haala jiru jijjiiruu danda'a jettanii yaadduu? Kadhannaa kee fi kadhannaa namoota biroo akka deebisu amanuuf amantii dabalataa si **barbaachisa? Maaliif akkas akka godhu isa hin gaafattuu?**

Dhuga baatii ijoollee Kaamboodiyaa: Dhuunfaatti kadhachuu caalaa waliin kadhachuun humna guddaa akka qabu dubbataniiru. Garee guddaa kadhannaa irratti yeroo hoogganaanu mootii ykn giiftii fakkaachuu isaanii himan.Hoggantoonni waldaa ijoollee dhaloota itti aanu leenjisuun itti gaafatamummaa ergama kanaaf barbaachisu akka qopheessan dhaamaniiru.

# Torban Kadhata Ijoollee Addunyaalessaa 2016/2024

## Ifa biyya lafaa

**Torban Kadhata Ijoollee Addunyaalessaa 2016/2024 Caamsaa 24-25**

### Kadhannaa cufiinsaa

Yesuus ati ifa biyya lafaati. Nama jaamaa erga dhalatee kaasee arguu hin dandeenye fayyifte: dinqii dhugaa. Gahee isaa bahuu waan qabuuf gara Salihoom dhaqee dhiqate. Si amanachuu qaba ture. Anillee akkan sitti amanu na gargaari Yesuus. Akka Fariisotaatti yaadni koo akka hin jaamne na gargaari, garuu haala naannoo hiyyeeyyii magaalaa keenya keessa jiru akka jijjiirtu abdii akkan qabaadhu na gargaari. Ifa bareedaa kee mana koo, daandii koo fi mana barumsaa koo irratti ibsi. “Gooftaa, akka namicha jaamaa sanaa garaa guutuun nan amana. Yesuis sin jaalladha.

Duulli Torban Kadhannaa Ijoollee Addunyaalessaa sochii idil-addunyaa waggaa waggaan torban dhumaa ji’a Caamsaa irratti ga’eessotaa fi daa’imman kuma dhibbaan lakkaa’aman tokkoomsuuf jireenya daa’imman hedduu jijjiiruuf dandeettii Waaqayyo kenneef hojiirra oolchuuf dhaabbata tola ooltummaa VIIVAA jedhamuun addunyaa irratti toora miidiyaa hawaasaa 38 keessatti kan argamu dha.